



**Sakatta'a Ga'umsa Raawwii Leenjistootaafi Dhiyaannaa Qulqullina Leenjii Dubbarree,  
Leenjifamtootaa Tajaajila Duraa Milkeessuu Irratti Kolleejjii Barnootaa Barsiisotaa  
xiyyeeffachuun**

Margaa Gammadaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitiiti Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa ga'umsa raawwii leenjistootaafi qulqullina dhiyaannaa leenjii dubbarree Afaan Oromoo, milkaa'ina leenjifamtootaa tajaajilaan duraa sakatta'uudha. Ka'umsi qorannoo kanaas, kutaa gadiitii kaasee rakkoo Afaan Oromoon dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti mul'atu habuuramedha. Madda rakkoo kanaa adda baasuuf, sadarkaa kolleejjii barnootaa barsiisotaatti haala raawwii leenjistootaafi qulqullina leenjii kennamu iyyaafatame. Ragaalee guuruu, qaaccessuufi hiikuuf saxaxa sakatta'a qaxxaamuraatti fayyadame. Kana galmaan ga'uufis, mala walmakaatti gargaarame. Iddattoonni, KBB Dambi Doolloo, Shaambuufi Naqamtee istiriimii istetiksii, saayinsii uumamaafi hawaasaarraa leenjifamtootaa waggaa 3ffaa carraa tasan (n=180), barsiisota mala hammargeen (n=30), waliigala (n=210) filataman. Ragaalee walitti qabuuf, bargaaffii, afgaaffiifi MGX fayyadame. Ragaalee qaaccessuuf, istatiksii ibsaa (safartuu ragaalee liikertii bu'aa gidduufi garaagarummaa safartuu dhaabbataafi infireenshaalii (ANOVA karaa tokkoofi hariiroo Spearman) gargaarame. Kanneen akkamtaan guuraman, walitti makuun jechootaan qaaceffame. Argannoon ijooon mul'ate KBB keessatti torbeetti wayitiin leenjii dubbarreef ramadame 2 qofa. Qulqullina leenjiif xiyyeeffannoo kennamuu irratti bu'aan argame, gadi-aanaa waan ta'eef, leenjifamtootaa ga'oomsuuf xiyyeeffannoon jiru laafaa ta'uu hubatame. Haala raawwii leenjisuun leenjistootaa irrattis bu'aan gidduu mul'ate gadi-aanaa waan ta'eef, milkaa'ina leenjifamtoonni leenjii dubbarree irraa argatan irratti dhiibbaa sirrummaa (+ ve factor) uumu akka hinqabne adda ba'e. Darbee, haala raawwii leenjisuun leenjistootaafi milkaa'uu leenjifamtootaa gidduu hariiroon jirus baay'ee laafaa ta'uu hubatame. Kanaaf, BBO, KBB'fi qaama dhimmi ilaallatu hundi rakkoo kanaaf osoo xiyyeeffannoon itti kennamee qulqullina leenjii dubbarreefi leenjifamtootaa milkeessuun nidanda'ama.</i></p>	<p><b>Article History:</b> Received: 06-07-2023 Revised: 28-09-2023 Accepted: 26-11-2023</p> <hr/> <p><b>Jechoota Ijoo:</b> dubbarree, ga'umsa, leenjii, milkeessuu, qulqullina</p> <hr/> <p>*Qorataa Muummee: Margaa Gammadaa</p> <p>E-mail: <a href="mailto:margaa.gammadaa445@gmail.com">margaa.gammadaa445@gmail.com</a></p>

## Seensa

Yaad-rimeen dubbarree (*literacy*) jedhu malaafi dandeettii dubbisuu, barreessuufi lakkoofsa adda baasuu horachuu (Fang, 1996); seera dhamsagootaa adda baasuu (Adams, 1993); ‘hiikaa dubbisuu yookaan dubbisaa hiikuu’ (Street, 2004); barreessuufi dubbisuu gara dubbachuutti geessuu (Griffith’fi Lacina, 2018); ‘dubbisuu, barreessuufi herregaa hojjechuu, odeeffannoo qabachuu, ilaalcha/yaada ibsachuu, murtii gochuufi rakkoo hiikuuf ga’umsa horachuutti’ (Cash’fi kaan, 2015) akka ta’e hubatama.

Yaad-rimee kana irraatti baroota 1980’ootaati kaasee yaanni qorannoo irratti hundaa’e kennamaa dhufe. Innis dandeettii duubbisuufi barressuu irra kan darbu ta’ee, mallattoowwan walxaxaa ta’anii mul’atan haala galumsa isaatiin hiika itti kennuuf ga’umsa horachuu akka ta’e (Griffith’fi Lacina, 2018) ibsaniiru. Kanarratti Lindquist (2015) dubbarreen yeroo hundumaa caacculee hawaasaafi aadaa kan walsimatu ta’ee, akkaataa galumsa isaaniitti meeshaalee maxxansaafi barreeffamaan walitti dhufanitti dhimma ba’uun dandeettii adda baasuu, hubachuu, hiikuu, kalaquu, waliin dubbachuufi herrega hojjechuu akka ta’etti hiikama. Akkaa ammayyaatti xiyyeeffannoon dubbarreef kenname, “walitti qabama shaakala hawaasaa galumsa irratti hundaa’e” akka ta’etti kan dhiyaatu ta’ee, kan namni dhuunfaan shaakala dubbisuufi barreessuu adda baasuu guddifachuufi akka aadaa, siyaasaafi galumsa seenaa isaatti jijjiirama jireenya isaa irratti fiduudha (Yang’fi Ping, 2012).

Yang’fi Ping (2012) dubbarree afaaniifi herregaa leenjisu ilaalchisee leenjifamtootaafi xiyyeeffannoo guddaa kennuun qajeelfama kan

barbaadudha. Akkasumas, adeemsa leenjifamtoota leenjisu keessaan yoomiifi akkamitti akka gidduu seenamu (*intervention*) akkaataa isaan barattoota isaanii irratti fooyya’iinsa fidan deeggaruun xiyyeeffannoo akka gaafatu ibsan. Kanaaf, Alatalo (2013) leenjistoorni dubbarree barsiisota tajaajila duraa, akkaataa isaan hojii addunyaa barsiisuu keessatti leenjifamtoota deeggaruu danda’an irratti hubannoo isaan horachiisuun murteessaa akka ta’e ibseera. Kana irratti, Gao (2013) barreessuufi dubbisuun dhimmoota walqabatanii deeman waan ta’eef, leenjistoorni kolleejjii leenjii xiyyeeffannoo keessa galchuun, walmaddiitti leenjifamtoota beekumsa horachiisuun milkeessuun murteessaa akka ta’e eereera.

Hay’fi Woolley (2011), addunyaa baruu barsiisuu keessatti dandeettiin dubbarree leenjifamtoota kan cimuu, beekumsaafi ga’umsa leenjistoonaan kan murtaa’u akka ta’e mirkaneessaniiru. Kana malee, milkaa’inniifi ga’umsi leenjifamtoota barsiisotaa ga’umsa barsiisuu barsiisotaafi qulqullina koorsii barnootaan akka murtaa’u ibsan. Keessattuu, akkaataa barsiisonni yaad-deebii itti kennan, gaaffilee barattoota irraa ka’uuf deebii itti kennan (mala baruu-barsiisuu dubbarree) irratti beekumsa ga’aa ta’e qabaachuu isaaniin akka murtaa’u mirkaneessan. Fakkeenyaaf, (i) deebii xiinqooqaa walxaxaa; (ii) jechoota hiika ciccimoo; (iii) fooyyeffannaa qayyabbiifi (iv) yaada qabiyyee dubbatamu irratti, ofitti amanamummaafi fedhii guddaa qabaachuu kan gaafatudha (Cunningham’fi kaan, 2009).

Kanarraa kan ka’e, koorsiin barnootaa sadarkaa sadarkaan dhiyaatu beekumsa, dandeettiifi sona leenjifamtoonni kolleejjii

Margaa G

leenjii keessaafi alatti horataniifi muuxannoo isaan barnoo- taan gonfatan hammatee kan dhiyaatu ta'uu agarsiisa (Scheerens'fi Blömeke, 2016). Qabxilee kanneen xiyyeeffatee haadhiyaatu malee, gosa barnootaa keessaan dubbarree barachuu barsiisuu irratti ga'umsa inni leenjifamtootaaf gumaachu adda baasuun murtees- saadha.

Kana irratti qorachuun kan barbaachiseef, sadarkaa KBB'tti ga'umsa leenjistootaafi qulqullina leenjiinii dubbarree Afaan Oromoo gosa barnootaa garaagaraa keessaan leenjifamtoota tajaajila duraaf kennamu, milkaa'ina dandeettii isaanii irratti dhiibbaa inni fidu adda baasuun furmaata dhiyeessuuf. Kun ammoo, ga'umsaan yoo hojiirra hinoolle, haala fedhii barachuu barsiisuu barataafi barsiisaa gad-buusa; milkaa'ina barattoonni argachuu malan hanqisa. Kana ilalchisee qorannoo yeroo garaagaraafi biyyoota adda addaa keessatti hojjetame xiinxalameera.

Fakkeenyaaf, qorannoon Cash'fi kaan (2015) haala hariiroo hojirra oolmaa barnoota dubbarreefi bu'aa leenjifamtoota gidduu jiru irratti hojjetame. Argannoon mul'ates, walitti dhufeenya sirrawaa (*positive*) ta'uu agarsiise. Fakkeenyaaf, qorannoo isaaniitiin waanti sakatta'aa habuuraa itti deddeebii (*longitudinal*) qo'atame akka agarsiisetti dhiibbaa beekumsi barsiisaa qajeelfama dubbisuu leenjifamtoota irratti taasise, milkaa'ina dubbisuu isaanii argamsiise. Darbee, akkaataa itti jechoota caccabsanii hubatan irraatti barsiisonni leenjii fudhatan, kanneen leenjii hinargatiin caalaa takkaatti jechoota hedduu hubannaan akka dubbisan adda baasan. Haata'u malee, qorattoonni kunis, gama barreessuutiin xiyyeeffannoo qorannoo

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

kan hinarganneefi qaawwaa akka jiru agarsiiseera.

Rakkoolee kanaan walfakkaatu ilaalchisee qorattoonni garaagaraa qorannoo isaaniin xiinxalaniiru. Fakkeenyaaf, Ottley'fi kaan (2015) leenjii dubbarree barsiisotaa tajaajila duraa keessatti rakkoon bu'uura mul'atu xiinxaluun argannoo dhiyeessaniiru. Arganniin Isaaniis leenjii ga'umsa qabu dhibuu, meeshaan irraa leenji'an ga'umsaan dhibuufi qaawwaan cimaan gama afaan dhalootaa leenjisu keessatti kan mul'atu ta'uu adda baasaniiru. Kunimmoo, qaawwaa qorannoon kun furuuf deemuun kan walfakkaatdha. Perry'fi kaan (2013) sagantaa bu'a qabeessummaa leenjii dubbarree jedhu irratti qorannoo sakatta'aa hojjetaniiru. Argannoon isaanii ammoo haala barreessuu irratti hubannoon bal'aan jiraachuu adda baasaniiru. Haata'u malee, ka'umsi qorannoo isaanii sagantaa dubbisuufi barreessuu (dubbarree) ta'ee garuu, gama dubbisuutiin xiyyeeffannaa dhabuun, qabiyyeewwan leenjii gama dubbisuufi barreessuun walqixa ilaalamuu dhabuun qaaawwaa qorannoo isaaniitiin mul'atedha. Krutka'fi kaan (2016) 'ga'ee dubbarree sadarkaafi gosa barnootaa garaagaraa keessaan leenjisu jedhurratti qorataniin argannoo dhiyaate. Innis leenjifamtoonni gad-fageenyaan dubbarree shaakalaa baratan beekumsa horatu; hawaasa dimokiraatawaa keessatti ga'ee hojii qooddattoota ta'u; akkasumas, dandeettii dalaguu, yaaduufi naamusa hojii guddifatu. Haata'umalee, qorannoo isaaniitiin dhimma qulqullina leenjiifi ga'umsa leenjistootaa irratti hinxiyyeeffanne. Kun ammoo qaawwaa qorannoo kanaan ilaalamudha.

Doubet'fi Southall (2018) qorannoo 'dhiyaanna leenjii dubbarree irratti hojjetanii argannoo dhiyeessaniiru. Kunis, barsiisonni sadarkaa gadii dubbarree irratti ga'umsa qabeessota kan ta'an, leenjistoota ga'umsa qabaniin yoo leenji'anidha. Akkaataa leenjii dubbarree irratti dubbisuu, barreessuufi herrega walitti makuun leenjifamtoota leenjisuun dagaagina ogummaa barsiisotaa akka guddisu adda ba'e; ga'een dagaagina ogummaas, ilaalchaafi shaakala leenjifamtootaa akka qaru agarsiisan. Qorattoonni kun ga'umsa leenjistootaan milkaa'ina argamuufi mala dubbarreen itti leenjifamu ilaalan malee, ga'umsa leenjistootaaf xiyyeeffannoo hinkennine. Waliigalatti, qaawwaleen argannoon kanaan mul'atan qo'annoo kanaaf ka'umsa ta'anii gaaffileen bu'uura qorannoo kanaan deebii barbaadan ammoo kanneen kanatti aananidha:

1. Kolleejjii barnootaa barsiisotaa keessatti leenjiin dubbarree leenjifamtoota barsiisotaa tajaajila duraaf kennamu, hammam qullullina qaba?
2. Haalli raawwii dubbarree leenjisuun leenjistootaa, milkaa'ina leenjifamtootaa barsiisotaa tajaajila duraa irratti hammam dhiibbaa qaba?
3. Haala raawwii leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtoota dubbarree gidduu hariiroon jiraa?

### **Malleeniifi Meeshaalee Saxaxa Qorannichaa**

Saxaxni qorannoo kanaa sadarkaa ragaalee walitti

qabuutii kaasee hanga xiinxaluufi qaaceessuu, qindeessuufi tartiibaan gabaasa dhiyeessuuti kan caaseffamedha. Akka hayyoonni Kothari (2004), Cohen, Manion'fi Morrison (2007)'fi Creswell, (2012) ibsanitti saxaxni qorannoo kun, dhimmoota ijoo ta'anitti gargaaramuun akka qorannoo saayinsawaatti ragaalee walitti qabuuf saxaxa sakatta'a qaxxaamuraatti (*cross-sectional survey design*) dhimma ba'ame. Qorataan saxaxa qorannoo kana galmaan ga'uuf, mala walmakaatti kan dhimma ba'e yoo ta'u, ija falaaama paraadaayimii qorannoo ijaarsaatiin kan xiinxalamedha.

### **Mala Iddattoofi Iddatteessuu**

Filannoo iddattootaa ilaalchisee, ragaalee barbaachisan walitti qabuuf, KBB Naqamtee, Dambi Doolloofi Shaambuu keessaa leenjifamtoota tajaajila duraa waggaa sadaffaa muummee Saayinsii Uumamaa, Hawaasaafi Isteetiksiitti leenji'an (dhiira 109, dhalaa 71 waliigala 180 mala carraan filatamanii bargaaffii guutaniiru. Akkasumas, leenjistoonni barsiisotaa kanneen Istiriimii afaanii ala ta'an hundinuu (dhiirri 69fi dhalaan 4 waligallatti barsiisonni 73 mala hammargeen filataman. Kana malee, kolleejjiiwwan sadan keessaa barattoota 6-9 waliin yeroo lama lama MGX yoo taasifamu, barsiisota 10 waliin afgaaffii raawwatameera. Kunis gabatee kanatti aanu keessaan dhiyaateera.

**Gabatee 1:** Iddattoo barattootaa waggaa 3ffaa fi barsiisota KBB

KBB	Muummeewwan		Barattoota Ispeshalistii		Barattoota Jeneralisti		Muummee/Istriimii	Barsiisota		
	Istirimii	Kor nayaa	Walii galaa	Iddat toota	Walii galaa	Iddat toota		Walii gala	Kan ragaa guutan	Marii yeroo 2
Naqamtee	SU,	dhi	34	15	34	15	Her., Bio. Chem,Phy.	42	12	barattoota 8fi 9 waliin
	Istetiksii fi SH	dha	26	15	28	15		2	1	
		Ida'	60	30	62	30	44	13		
Shaambuu	SU,	dhi	34	15	32	15	HPE, Art, Muziqaa	12	10	Afgaaffii Barsiisota 5
	Istetiksiif i SH	dha	28	15	28	15		-	-	
		Ida'	62	30	60	30	12	10		
D/Doolloo	SU,	dhi	33	15	28	15	Siv.His. Geo	15	9	Afgaaffii Barsiisaa 5
	Istetiksii fi SH	dha	26	15	30	15		2	0	
		Ida'	59	30	58	30	17	7		

**Iddattoota waliigalaa = barattoota 60x3 = 180'fi barsiisota 30**

\*Baay'ina waliigala leenjifamtoota 361 = 180

\* Waliigalli leenjistootaa 73 = 30

**Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Odeeffannoo walitti qabuuf, meeshaalee bargaaffiin barsiisotaafi barattootaa irraa; afgaaffiin barsiisotaarraafi MGX barattootaa irraa guurame walitti fiduun rogsadeeffame. Gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa deebisuuf, ragaaleen hammamtaa safartuu Liikertiin guurame. Haata'u malee, osoo ragaalee qaaccessuutti hinseeniin haala ifaafi amansiisaa ta'een adda baasanii hubachuun murteessaadha. Kanaaf, yaada Kothari (2004) ibse ka'umsa godhachuun, madaalliin iskeelii

liikertii gargar fageenyi isaa walqabate bargaaffilee safaramaniif dhiyaate (1=CM, 2=NM, 3=HM, 4 ND'fi 5=CD). Ragaaleen safartuu liikertii kanaan walitti qabame, bu'aa gidduu (M)'fi istandaardi diiveshinii (SD) dhiyaate. Bu'aan ragaaleen gargar fageeya gidduutti argaman adda baasuuf, unkaa qorattoonni Alkharusi'f kaan, (2012) gargaaramanitti dhimma ba'ameera.

**Gabatee 2** Safartuu ragaalee Liikertii hiikuuf gargaaran

Bu'aa gidduu (mean value)	Sadarkaa (ratings)	Hanga bu'aa (Range)
1.00-1.79	Baay'ee gad-aanaa	Kutaa bu'aa gad-aanaa ( <i>low value</i> )
1.80-2.59	Gad-aanaa	
2.60-3.39	Giddu-galeessaa	Kutaa bu'aa gidduu ( <i>neutral value</i> )
3.40-4.19	Olaanaa	
4.20-5.00	Baay'ee olaanaa	Kutaa bu'aa olaanaa ( <i>high value</i> )

Madda: (Alkharusi'fi kaan, 2012)

Margaa G

Amanamummaa meeshaalee funaansa ragaalee (bargaaffii) qorannichaa qulqulleeffachuuf hayyoota barnoota afaaniin madaalamee yaanni kennameera. Akkasumas, dhugummaa meeshaalee bargaaffii mirkaneeffachuuf hirmaattota muraasaaf hiruun erga habuurraan madaalee sirreeffama barbaachisu raawwatame. Darbee, dhugummaa bargaaffii dhiyaatee, *internal-item consistency reliability* isaa madaaluuf ‘Cronbach’s coefficient alpha’ tti dhimma ba’ameera. Kana irratti, Creswell (2014), *Cronbach’s alpha reliability coefficient* ( $\alpha$ ) gulantaalee (ranges) idilee 0 fi 1 gidduu akka ta’e ibseera. Akka Creswell’tti, walsimannaan keessoo bargaaffilee kofiishentii alfaa ilaaluuf seerota “ $\alpha > 0.9$  – ‘Baay’ee gaarii’,  $\alpha > 0.8$  – ‘Gaarii’,  $\alpha > 0.7$  – ‘simatamaa’,  $\alpha > 0.6$  – ‘Gaaffii uuma’,  $\alpha > 0.5$  – ‘laafaa’, fi  $\alpha < 0.5$  – ‘Hinsimatamu’ dhiyeesseera.” Kanarraa kan ka’e, bargaaffii qorannoo kanaan bu’aan Cronbach’s alpha dhiyaate ( $\alpha = .867$ ) yoota’u, kun ammoo dhugummaa isaa sadarkaa gaarii ta’edha.

### Ragaalee Qaaccessuufi Hiikuu


Ragaaleen meeshaalee hammamtaan guuraman SPSS unkaa (version) 21 gargaaramuun modeela istatiksii ibsaafi infireenshaalii (ANOVA karaa tokkoofi hariiroo Spearman’) qaaceffame. Akka Al-sawat (2012) ibsetti, istaatiksiin addeessaa waan walfakkaataa maddisiisuu ta’ee, qaaccessa hammamtaa keessatti kan akka safartuu ragaalee liikertii hiikuuf sadarkaa bu’aa gidduu (mean)’fi garaagarummaa safartuu dhaabbataa (SD), gabatee gadii keessatti mul’atutti dhimma ba’ame. Kanneen akkamtaan guuraman ammoo, akka Vanderstoep’fi Johnston (2009)’fi Creswell (2012) agarsiisanitti walitti

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116

fidee rog-sadeessuun erga jechootaan qaaceffamee ibsamee argannoo adda ba’eera.

### ARGANNOOFI IBSA QORANNICHAA Seenduubee Barattootaafi Barsiisotaa KBB

#### Gabatee 3: Seenduubee Barattootaafi Barsiisotaa KBB



\*Baay’ina waliigala leenjifamtoota 361 = 180 \* Waliigalli leenjistoota 73 = 30

Gabatee 4.1 kanarraa akkuma hubatamu, KBB iddattoonni kun keessaa filataman ilaalchisee seenduubeen isaanii dhiyaate kan agarsiisudha. Kanarratti, KBB waggaa sadaffaa baratan muummee/Istiriimii saayinsii uumamaa, saayinsii hawaasaafi Istetiksii keessaa Naqamtee 60(%33.33), Shaambuu 60(%33.33)fi Dambi Doollootti 60(%33.33), leenjifamtoonni barsiisotaa waliigala 180(%100) kan filataman ta’uu agarsiisa.

Barsiisota ilaalchisee, KBB Naqamtee 13(%43.33), Shaambuu 10(%33.33)fi D/Doolloo 7(%23.33) kana sadan keessaa barsiisonni leejii dubbarree barsiisan 30(%41.9) hirmaataniiru. Hirmaattonni kun sadarkaa barnootaa isaaniitiin, barsiisonni 20(%66) MA/MSc; barsiisonni 5 (%17) BA’fi barsiisonni 5(%17) ammoo BSc kan qaban akka ta’e adda ba’e.

## Qulqullina Qabeessummaa Leenjii dubbarree Kennamuu

### Wayitii Leenjiifi Sadarkaa Qulqullina Leenjii Dubbarree

Qulqullin qabeessummaa leenjii dubbarree barsiisota tajaajila duraa milkeessuu keessatti qabu adda baasuuf KBB keessatti wayitii leenjii dubbarreef qoodame, gosa barnootaa garaagaraa keessaan leenjifamtoota saayinsii uumamaa, saayinsii hawaasaafi Isteetiksiif dhiyaatee jiru gabatee kanatti aanu keessatti xiinxalameera.

#### Gabatee 4: Wayitii, sadarkaa leenjii dubbisuufi barreessu

Leenjifamtootaaf				Leenjistootaaf			
Jijjiiramoota	Safartuu	Lak	%	Jijjiiramoota	Safartuu	Lak	%
Torban keessa wayitii leenjii dubbarree leenjifamtu	Cr.hr 2 Cr.hr 3 Cr.hr 4+	123 24 33	68.33 18 18	Torban keessa wayitii leenjii dubbarree kennitu	Cr.hr 2 Cr.hr 3 Cr.hr 4+	20 2 8	66.67 6.6 26.7
	<b>Ida'a</b>	<b>180</b>	<b>100</b>		<b>Ida'a</b>	<b>30</b>	<b>100</b>
Gosa barnootaa keessaan sadarkaa leenjii dubbisuu leenjifamtu	Gadaanaa Giddugala Olaanaa	84 61 35	47 34 20	Gosa barnootaa keessaan sadarkaa leenjii dubbisuu leenjistu	Gadaanaa Giddugala Olaanaa	15 14 1	50 46.7 33.3
	<b>Ida'a</b>	<b>180</b>	<b>100</b>		<b>Ida'a</b>	<b>30</b>	<b>100</b>
Gosa barnootaa keessaan sadarkaan leenjii barreessuu itti leenjifamtu	Gadaanaa Giddugala Olaanaa	72 71 37	40 34 20	Gosa barnootaa keessaan sadarkaa leenjii barreessuu leenjistu	Gadaanaa Giddugala Olaanaa	16 11 3	53.3 36.7 10
	<b>Ida'a</b>	<b>180</b>	<b>100</b>		<b>Ida'a</b>	<b>30</b>	<b>100</b>

Gabatee 3 keessatti ragaalee dhiyaateen alatti wayitii leenjii dubbarree, sadarkaa leenjii dubbisuufi barreessuu irratti barattootaafi barsiisota irraa ragaan walitti qabameera. Leenjii dubbarree ilaalchisee torbanitti wayitii meeqa akka baratamuufi barsiifamu irratti barattoonni 123(%68)fi barsiisonni 20(%66.7) irraa wayitii (Cr.hr.) 2 akka ta'e adda ba'e. Akkasumas, gosa barnootaa baratan keessaan

sadarkaa leenjii dubbisuu irratti gaaffii hirmaattotaaf dhiyaateen barattoonni 84(%47)'fi barsiisonni 15(%50) sadarkaa gadaanaa ta'een akka leenjiin kennamu hubatame. Yaaduma kana fakkaatuun, gosa barnootaa garaagaraa keessaan sadarkaa barreessuu leenji'uu ilaalchisee barattoonni 72(%40) deebii gadaanaafi 71(%34) giddu-galeessaan akka leenji'an yoo guutan,

Margaa G

barsiisonni 16 (%53.3) barreessuun sadarkaa gadaanaa, akka leejifaman guutaniiru.

Wayitii leenjii dubbarree, gosa barnootaa garaagaraa keessaan dubbisuufi barreessuu leenjisu ilaalchisee afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen odeeffannoon walitti qabameera. Kana irratti, yaada hirmaattonni kennan koorsiin dubbarree akka gosa leenjii tokkootti waan kennamuuf, gosa barnootaa saayinsii uumamaa keessaan qabiyyeen dubbisuufi barreessuuf dhiyaate muraasa (Id.1SH). Qabiyyeen dubbisuufi barreessuu kallattiin kan dhiyaatu osoo hintaane, darbee darbee fakkiiwwan addaa addaan akka shaakalan himame (Id.3SU). Gosa barnootaa saayinsii hawaasaa keessaan addatti dubbisuufi barreessuu shaakalsiisuuf yeroon ga'aa hinjiru (Id.2SU). Barnoota Isteetiksiif qophaa'ee dhiyaatu keessaan addatti dubbisuufi barreessuu barsiisuu dhiyaachuu baatus, kalaqa garaagaraa shaakalsiisu keessaan akka dubbisaniifi irra deebi'anii akka barreessan taasifamu (Id.5 Ist).

Odeeffannoon afgaaffii barsiisota saayinsii uumamaa, hawaasaafi istetiksii kanneen irraa walitti qabameen garri caalaan gosa barnootaa leenjisan keessaan darbanii darbanii akka shaakalsiisan agarsiisa. Kun ta'ee ragaalee bargaa'olitti dhiyaatee qaaceffame hundarraa argannoon mul'ate, KBB keessatti barattoota saayinsii uumamaa, hawaasaafi Isteetiksiif wayitiin leenjii dubbarreef ramadame lama ta'ee, leenjifamtoota ga'oomsuuf ga'aa ta'uu irratti ragaalee barsiisotaafi barattoota gara caalaan irraa argameen bu'aan baay'ee gad-aanaa ( $BG=1.90$ ,  $SD=.63$ ) dhiyaateera. Kunimmoo, kan agarsiisu, wayitiin leenjii dubbarreefi

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

xiyyeeffannoon kenname baayee gadaanaa ta'uu isaati.

Kanarraatti afgaaffiif marii gareen odeeffannoon walitti qabameen kan walfakkaatu ta'uu argannoo dhiyaate mirkaneesseera. Kanarratti, akka Ottley'fi kaan (2015) ogbarsiisa keessatti wayitiin barnootaa ramadamu barnootaa karoorfameef galma ga'a; kaayyoo barnootaa/ leenjii milkeessuuf isa bu'uraati (Desimone'fi, kaan, 2016). Haata'u malee, wayitiin dubbarreef KBB keessatti ramadame faallaa hayyoonni afaanii dhiyeessan kan faallessudha.

Akkasumas, gosa barnootaa garaagaraa keessaan sadarkaa leenjii dubbisu leenji'uu ilaalchisee, barattoota gara caalaniifi irra jireessa barsiisota irraa bu'aan argame, bu'aa gadaanaa akka ta'e adda ba'eera. Kana malee, barreessuu ilaalchisee barattooniifi barsiisonni garri caalan bifa walfakkaataan ragaalee bargaa'olitti guutan irraa bu'aa giddu argames gara bu'aa giddu galeessaatti dhiyaatee mul'atudha. Kana irratti, qorattoonni Metzler'fi Woessmann (2012), qulqullinni leenjii dubbarree qabiyyee barnootaa garaagaraa keessaan yoo dhiyaate, ga'umsaafi beekumsa leenjifamtoota dagaagsuuf olaanaa akka ta'e kaasuu. Haaluma kanaan, Ottley'fi kaan (2015) sagantaan dubbarree qulqullina qabaachuun isaa kan mirkanaa'u, qabiyyee beekumsa ogbarsiisaa (*pedagogical*)fi beekumsa fuul-duratti akka barattoonni itti dhimma ba'an kan shaakalsiisu yoota'edha. Qabiyyee fi beekumsa ogbarsiisaa haalaan kan haammataman taanaan ga'umsaafi milkaa'ina dandeettii dubbarree barattoota irratti dhiibbaa akka fidu (Alatalo, 2013) ibse.

Cuunfaatti, gosa barnoota graagaraa keessaan leenjiin dubbisuufi barreessuu



Margaa G

dhiyaachuu ilaalchisee, gama barataafi barsiisaan bu'aan waliigalaa (*grand mean*) dubbisuu irratti ( $BG = 2.59, SD=1.113$ ); barreessuu ( $BG =2.70, SD=1.112$ ) mul'ateera. Kanneenis bifa walfakkaa- tuun gosa barnootaa garaagaraa keessaan bu'aan dhiyaate ( $M= 1.9, SD=.630$ ) sadarkaa gad-aanaa ta'uun hubatame. Yaada kana ilaalchisee, odeeffannoon afgaaffiin cuunfameen hirmaattonni leenjijootaa garri caalaan isaanii mala dubbisuufi barreessuu darbanii darbanii akka barsiisaniifi akka koorsii barannoottis akka dhiyaatu adda ba'e.

Kun ammoo, gosa barnootaa garaagaraa keessaan dubbisuufi barreessuun leenjifamtootaaf dhiyaatu quubsa akka hintaane agarsiisa. Kanarraa kan ka'e, argannoon waliigalaa, qulqullina qabessummaa leenjii dubbarree barsiisota tajaajila duraa ga'oomsuu keessatti qabuun wayitiin qoodame gadi aanaa; gosa barnootaa garaagaraa kessaan xiyyeeffannoon dubbisuufi barreessuu itti leenjifamu lafaadha. Kunis, dhiibbaa inni ga'umsa leenjifamtoota irratti qabu laafaa ta'uu hubatame. Kun kan

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

agarsiisu, leenjii dubbarreefi xiyyeeffannoon kenname baay'ee gadaanaa ta'uu isaati. Kun ammoo, barattoonni dubbisuufi barreessuuti gargaaramuun odeeffannoo argachuu, ilaalchaafi yaada isaanii ibsachuu, murtii gochuufi rakkoo hiikuuf ga'umsa isaan kallattii barnootaa hundaa keessan horataa deeman xiqqeessa (Cash'fi kaan, 2015). Akkasumas, Wilson'fi kaan (2009) sagantaa dhaabbata leenjii barsiisotaatti qabiyyeen leenjii kennamuu haala qulqullina qabuu akka leenjifamtoota ga'oomsuuf yeroo ga'aa ramaduu; shaakalaa leenjii dubbisuufi barreessuufi dandeettii sadarkaa dubbisuufi barreessuu olaanaa akka gaddifataniif yeroo bal'aa ramaduun ga'oomsuuf murteessaa akka ta'e mirkaneessan.

### **Qulqullina Leenjii Dubbarree Leenjifamtoota Ga'oomsuu Irratti**

Qulqullina leenjiin dubbarree leenjifamtoota ga'oomsuufi milkeessuu ilaalchisee ragaaleen barattootaafi barsiisota irraa walitti qabame gabatee kanatti aanu keessatti dhiyaatee qaacceffameera.

#### **Gabatee 4** Bu'aa gidduu qulqullina leenjiin dubbarree leenjifamtoota milkeessuu irratti

<b>Jijjiiramoota deebii</b>	<b>Lak.</b>	<b>BG</b>	<b>SD</b>
1. Leenjifamtoota dorgomoo taasisa.	210	2.72	1.50
2. Naamusa barsiisummaa akka horatan qajeelcha.	210	2.59	1.45
3. Amala badaa barattootaafi daree to'achuu horachiisa	210	2.50	1.39
4. Dandeettii dubbarree barsiisuu akka fooyyeffatan gargaara.	210	2.81	1.46
5. Meeshaalee barnootaa mijataa akka adda baafatanii filtan taasisa.	210	2.51	1.52
6. Adeemsa dubbarree barsiisan keessatti yeroo to'achuu isaan barsiisa.	210	2.51	1.37
7. Hojii irratti barattoota barsiisaniif ilaalcha gaarii akka horatan gargaara.	210	2.42	1.48
8. Hojii irratti tooftaalee dubbarree barsiisuu garaagaraa akka filatan gargaara.	210	2.70	1.53
<b><i>Bu'aa waliigalaa (grand mean)</i></b>	<b>210</b>	<b>2.59</b>	<b>.61</b>

## Margaa G

Akka ragaalee gabatee 4 irraa mul'atutti, dandeettii dubbarree barsiisuu akka fooyyeffatan gargaaruu ( $BG= 2.81, SD=1.46$ ); leenjii dubbarree leenjifamtoota dorgomoo taasisuu ( $BG= 2.72, SD=1.50$ ); hojii irratti tooftaalee dubbarree barsiisuu garaagaraa akka filatan gargaaruu irratti ( $BG= 2.70, SD=1.53$ ) adda ba'e. Sadan isaanii irratti bu'aan dhiyaate bu'aa giddu galeessaati.

Haata'u malee, naamusa barsiisummaa horachiisuu, meeshaalee barnootaa mijataa akka adda baafatanii filtan taasisuu; adeemsa dubbarree barsiisan keessatti yeroo to'achuu isaan barsiisuu; amala badaa barattootaafi daree to'achuu horachiisuufi hojii irratti barattotaa barsiisaniif ilaalcha gaarii akka horatan gargaaruu irratti ragaan dhiyaate hundinuu bu'aa gidduu ( $BG = 2.42, SD= 1.48$ ) hanga ( $BG=2.59, SD.=1.45$ ) kan argamedha. Bu'aan kun ammoo, bu'aa sadarkaa gadi aanaa keessatti argamudha. Qulqullina leenjiin dubbarree leenjifamtoota ga'oomsuufi milkeessuu ilaalchisee ragaaleen barattootaafi barsiisota irraa walitti qabameen bu'aan gidduu waliigalaa (*grand mean*) ( $BG =2.59, SD =.61$ ) ta'ee bu'aa gara giddu galeessatti kan siqu ta'uu adda ba'eera.

Kanarra dabarbee, qulqullina leenjiin dubbarree leenjifamtoota ga'oomsuufi

## Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116

milkeessuu irratti garaagarummaa bu'aa KBB sadan (Dambi Doolloo, Naqamteefi Shaambu) gidduu jiru ilaal- chisee ANOVA karaa tokkoon madaaalliin taasifameera. Madaallii kanarraa bu'aan waliigalaa kolleejjota sadaniis dhiyaateera.

**Gabatee 5** Bu'aa gidduu qulqullina leenjii dubbarree leenjifamtoota milkeessuuf

KBB	Baay'ina	BG	SD
Naqamtee	73	2.75	0.72
Shaambuu	70	2.63	0.61
D/Doolloo	67	2.38	0.51
<b>Ida'ama</b>	<b>210</b>	<b>2.59</b>	<b>.61</b>

Gabatee kanarraa akka hubatamutti, qulqullina leenjii dubbarree leenjifamtoota ga'oomsuu irratti bu'aan KBB Naqamtee ( $BG=2.75, SD=.72$ )fi Shaambuu ( $BG=2.63, SD=.61$ ) argame sadarkaa gidduu-galeessaa yoo ta'u, KBB Dambi Doolloo keessatti ammoo bu'aa ( $BG=2.38, SD=.51$ ) sadarkaa gadaanaan akka ta'e adda ba'e. Kolleejjota sadan keessaa ragaaleen barattootaafi barsiisota irraa qofa qofaatti walitti qabameen garaagarummaan bu'aa gidduu kolleejjota sadan gidduu akka jiru agarsiise.

**Gabatee 6** Milkaa'ina qulqullina leenjiin dubbarree leenjifamtoota ANOVA karaa tokkoo

	Ida'ama Isku'erotaa	df	Isku'erii BG	F	Sig.
Gareewwan Gidduutti	305.16	2	152.58	6.155	.003
Gareewwan Keessatti	5131.86	207	24.79		
Idaa'ama	5437.02	209			

Gabatee kana keessatti ragaalee ANOVA karaa tokkoon dhiyaateen, garaagarummaan bu'aa KBB gidduu jiraachuu ilaalameen bu'an [ $F(2, 207) = 6.15, p < .003, \eta^2 = .004$ ] dhiyaate.

Bu'aan argame kun, akka shallaggii istaatiksiitti garaagarummaan barbaachisumma jiraachuu agarsiise. Kana jechuun, qulqullina leenjii dubbarree leenjifamtoota ga'oomsuufi

Margaa G

milkeessuu irratti dhiyaatu KBB sadan (Naqamtee,  $BG=2.75$ ,  $SD=.72$ ; Shaambu ( $BG=2.63$ ,  $SD=.61$ )'fi Dambi Doolloo ( $BG=2.38$ ,  $SD=.51$ ) gidduu garaagarummaan bu'aa jira. Kana malee, leenjifamtoota ga'oomsuuf, qulqullina leenjiin dubbarree irratti, ragaaleen bargaaffii barattootaafi barsiisota irraa walitti qabameen bu'aan gidduu waliigalaa (*grand mean*) ( $BG =2.59$ ,  $SD =.61$ ) adda ba'e.

Akkasumas, leenjifamtoota milkeessuuf qulqullina leenjii dubbarree dhiyaatu irratti afaa'ffiiin barsiisotaafi MGX barattootaaf dhiyaateen odeeffannoon guurame. Kunneenis: "Leenjiin waliigalaas ta'e kan dubbarree KBB keessatti kennamu, qulqullina qabeessummaan isaa quubsaa ta'uu baatus nigargaara" (Id.6SH). "Leenjiin dubbarree kennamu leenjifamtoota milkeessuu mitii, waan xiyyeeffannoo qabu natti hinfakkaatu" (Id.9SU).

Kana ilaalchisee, yaanni MGX barattoota hundaa irraa argames, haalliifi akkaataan koorsii dubbarree dhaabbata leenjii barnootaa barsiisotaatti kennamu ga'umsaafi milkaa'ina isaanii irratti jijjiirama inni fidu ga'aa akka hintaane ibsan. Ragaaleen gama bargaaffii, afaa'ffiiifi MGX'n guurame akka agarsiisutti, KBB sadan keessatti leenjiin dubbarree leenjifamtootaaf dhiyaatee kennamaa jiru bifa walfakkaataan, leenjifamtoota ga'oomsuu irratti ga'ee inni qabu gadi aanaa ta'uu hubatame.

Haata'u malee, sadarkaan bu'aa gidduu tokkoo tokkoo KBB sadan gidduu jiru madaallii ANOVA karaa tokkoon ilaalameen garaagarummaan barbaachisummaan bu'aa akka jiru agrisiiseera ( $P<.05$ ). Kana ilaalchisee, akka qorattoonni garaagaraa kaasanitti,

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*


beekumsa ogummaa barsiisummaa qulqullina qabeessummaa kan inni qabaatu, qulqullinaafi beekumsa leenjistootaa irraa akka maddu (Wilson'fi kaan, 2009) ibsaniiru. Kana irratti, Adams'fi Pegg (2012) sagantaa dhaabbata leenjii keessatti leenjiin dubbisuufi barreessuu irratti kennamu bal'inaan beekumsa qabiyyee ogbarsiisa xiyyeeffatee dhiyaachuu dhabuu; hanqinni beekumsaa leenjifamtoota mudachuuf sababa ta'uu (Hebert'fi kaan, 2016) eeran.

Kana malee, leenjiin dubbarree KBB Naqamteefi shaambu keessatti kennamu adeemsa qulqullina qabuun leenjifamtoota ga'oomsuuf dhiyaatu sadarkaa bu'aa gidduu galeessaan yoo ta'u, kan Dambi Doollootti kennamu ammoo gadi aanaadha. Kun akka Desimone'fi, kaan (2016) sadarkaa dhaabbata leenjii kam keessatti, dubbarreeffis ta'e barnoota kamiif leenjiin dhiyaatu leenjifamtoota ga'umsuufi ogummaa hojii ogummichaaf malu kan gonfachiisudha. Haata'u malee, ga'umsa dhabuun leenjifamtoota gama birootiin hanqina leenjistootaa akka ta'es ibsaniiru.

### **Haala Raawwii Leenjisu Barsiisotaa, Leenjifamtoota Milkeessuu Irratti**

### **Dhiibaa Haala Raawwii Leenjistootaa Milkaa'ina Leenjifamtoota Irratti**

Haalli raawwii leenjisu barsiisotaa milkaa'ina leenjifamtoota irratti dhiibbaa hammamii akka fidu ilaalchisee ragaaleen walitti qabame akkayyaa istaatisiksii ibsaan qaaceffamee fiigirii kanatti aanu keessatti dhiyaateera.



**Fiigirii 1** Dhiibbaa haala raawwii leenjistootaa milkaa'ina leenjifamtoota irratti

Fiigirii olitti dhiyaatteraa bu'aan gidduu mul'ate akkaataa leenjifamtoonni hojiirra oolchanitti leenjisu ( $BG = 2.66, SD = 1.185$ ); leenjiin dubbarree haala qulqullina qabuun kennamuu ( $BG = 2.53, SD = 1.041$ ); leenjiin dubbarree tarsii moo/ mala adda addaan deeggaramuu ( $BG = 2.47, SD = 1.242$ ); leenjiin dubbarree akkaataa garaagaraan dhiyaachuu irratti bu'aan gidduufi addaan fageenyi ( $BG = 2.45, SD = 1.137$ ) dhiyaate. Leenjifamtoota milkeessuu irratti dhiibbaa haalli raawwii leenjistootaa qabu ilaalchisee bu'aan gidduu waliigalaa dhiyaate ( $BG = 2.45, SD = 0.64$ ). Kun ammoo, bu'aa gadi aanaa agarsiisa.

Haala raawwii leenjii leenjistootaa ilaalchisee yaada bargaaffiin guurame jabeessuuf odeeffannoon afaaffii walitti qabame akka kanatti aanutti dhiyaateera.

Kolleejjii keessatti mala garaagaraan leenjifamtootaaf leenjii dubbarree kennuuf haalli mijataan hinjiru. Leenjifamtoota ga'oomsuuf hojiin bal'aan hojjetamus hinjiru. Ta'us, barsiisonni leenjisan tokko tokko quubsaa ta'uu baatanis akka gargaaru hubatame (Id.7SH). Kana malee, yeroon leenjii dubbarreeff dhiyaate xiqqaa waan ta'eef, wayitii xiqqaatti leenjifamtoota ga'oomsuuf barsiisota irraa kan eegamu osoo hintaane milkaa'inniifi ga'umsi dhamaatii leenji'aatiin akka ta'e (Id.6SU) ibse. Darbee, barsiisonni Istiriimii gaagaraa tokko tokko darbanii darbanii akka deeggaran himan. Kanarraa kan hafe, meeshaaleen deeggarsaa barbaachisu bakka hinjirretti milkaa'inaafi ga'umsa leenjifamtoota xiyyeeffatamee waanti hojjetamu akka hinjirre hubatame (Id.10 Ist). Haata'u malee, odeeffannoon MGX barattoota

Margaa G

garee hundaa irraa walitti qabame faallaadha. Innis barsiisonni leenjistootaaf yeroofii xiyyeeffannoo bal'aa kennanii ga'umsa leenjifamtootaa irratti hojjechuun hanqinni akka jiru ibsan.

Ragaalee hammamtaafi akkamtaan guurame irraa waanti hubatame, haalli raawwii dubbarree leenjisuu barsiisotaa milkaa'ina leenjifamtoonni leenjii dubbarree irraa argatan irratti dhiibbaa uumu kan hinqabaanne ta'uu isaati. Kanaaf, qulqullina qabbeessummaan haala leenjisuu leenjistootaa milkaa'ina leenjifamtootaaf ga'ee akka qabu (Koellner, fi Jacobs, 2015) ibsan. Akkaumas, addatti gama leenjii dubbarreetiin beekumsa dubbarree bal'aa qabaachuun leenjistootaa, leenjifamtoota gara milkaa'inaatti akka geessu ibsame. Fakkeenyaaf, (hubannoo dhaamsagootaa, xiinjechootaa, xiinhimootaafi kanneen biroo), akkaataa madaallii dubbarreefi beekumsa dubbarree leenjifamtootaaf hojiirra oolchan beekuu gaafata (Carreker'fi kaan, 2010). Qulqullina leenjifamtootaa dubbarree kan murteessu qulqullina beekumsaa leenjistootaa akka ta'e (Al-Barakat'fi kaan, 2011) mirkaneessan.

Haata'u malee, akka yaad-iddama xiinhawaasaatti haalli raaawwii leenjisuu dubbarree leenjistootaa, dhiibba inni milkaa'ina leenjistootaa irratti qabu guddaadha (Olivia, 2017). Sababiin isaa, barsiisotaa tajaajilaan duraa milkeessuu keessatti, ga'umsiifi qulqullinni raawwii leenjistootaa olaanaadha (Koellner'fi Jacobs, 2015). Karaa biraan, ga'umsi raawwii leenjistootaa qulqullina yoo hinqabaanne qulqullinni leenjii yaadamee galma ga'uufi milkaa' inni leenjifamtootaa hinargamu jechuun (Metzler'fi Woessmann, 2012) mirkaneessan.

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

Kanarraa kan ka'e, haala raawwii leenjii dubbarree leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtootaa gidduu hariiroo jiru madaaluuf qorataan akkayyaa hariiroo Spearman'itti dhimma ba'uun madaaleere. Kana irratti, ragaalee iddattootaa waliigalaa irraa walitti qabame qo'annicha keessatti gargaarameera. Jijjiiramoonni deebii kun hundinuu hariiroo qabaachuu isaanii gabatee kanatti aanu keessatti agarsiifamaniiru.

**Hariiroo Raawwii Leenjistootaafi Milkaa'ina Leenjifamtootaa****Gabatee 7** Hariiroo haala raawwii leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtoota dubbarree

<b>Jijji.deebii</b>	1	2	3	4	5	6	7	8
1. Akkaataa leenjifamtoonni hojiirra oolchanitti leenjisu.	–							
2. Leenjiin dubbarree haala qulqullina qabuun kennama.	-.097	–						
3. Leenjiin dubbarree tarsiimoo adda addaan dhiyaata.	.319**	.040	–					
4. Leenjiin dubbarree akkaataa garaagaraan dhiyaata.	.155*	.189**	.180**	–				
5. Leenjiin dubbarree kaayyoofi galma xiyyeeffata.	.201**	.156*	.173*	.158*	–			
6. Leenjii dubbarree dandeettii leenjifamtoota fooyyessa.	.217**	.174*	.256**	.292**	.224**	–		
7. Leenjii dubbarree kennamu hojii barsiisuuf ni kakaasa.	.186**	.285**	.268**	.230**	.257**	.107	–	
8. Ga'umsaafi beekumsa leenjifamtootaa horachiisa.	.142*	.171*	.268**	.337**	.294**	.281**	.175*	–

\* $p < .05$ . \*\* $p < .01$ .

Akkayyaa hariiroo Spearman'itti gargaarameen hariiroo jijjiiramoota gidduu jiru gabatee 7 irratti dhiyaateera. Jijjiiramoonni dhiyaatan haala raawwii leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtootaa irratti ragaalee guuramedha. Hariiroon jijjiiramoota deebii waliigalaa haala barbaachisummaa (sig.) qabuun addaan fageenya ( $r = .142$  hanga  $r = .334$ , gatii  $P < .004$  hanga  $.000$ ) gidduutti kan dhiyaatanidha. Kanneen keessaa, garri caalaan hariiroon jijjiiramoota kana irratti mul'ate kanneen ( $r = .20$  hanga  $r = .31$ ,  $P < .05 - .000$ ) gidduutti argamanidha. Hariiroon haala kanaan mul'ate ammoo hariiroo laafaadha.

Kana malee, jijjiiramoonni biroon ammoo hariiroo ( $r = .142$  hanga  $r = .180$ ,  $P < .004$  hanga  $.000$  gidduutti argamanidha). Kanneen kunis, hariiroo bayyee lafaa ta'uu agarsiisa. Kana ta'ee, hariiroon jijjiiramootaan dhiyaate hundi kallattii sirrummaa /positive/ ta'eenidha. Haata'u malee, kanneen keessaa, hariiroon jijjiiramoota ga'umsaafi beekumsa

leenjifamtootaa horachiisuufi leenjiin dubbarree akkaataa garaagaraan dhiyaachuu gidduu hariiroon jiru ( $r = .33$ ,  $P < .000$ ). Kunimmoo, hariiroo giddu galeessaa yoota'u, kanneen hafan ammoo hariiroo lafaafi hariiroo baay'ee lafaa ta'edha (Crowell, 2012). Beekumsi qulqullina qabu, raawwii leenjii barsiisotaa qulqullina qabu irraa madda. Beekumsi leenjisu qulqullina qabu ammoo, adeemsa muuxannoo keessa dagaagaa deema. Kunis, leenjifamtoota milkeessuuf carraa kenna (Al-Barakat'fi kaan, 2011).

Haala raawwii dubbarree leenjisu leenjistootaafi milkaa'uu leenjifamtootaa gidduu hariiroo jiru irratti afgaaffiin odeeffannoon walitti guurameera. Kunneenis: Milkaa'ina leenjifam tootaa haala raawwii leenjisu barsiisotaa gidduu hariiroon jiru jabaataa ta'ee garuu, yeroo baay'ee beekumsa leenjifamtoonni leenjii irraa argataniifi ga'umsa isaan shaakala aloolaa (practicum) irratti agarsiisan wal hinargu (Id.8SU). Darbee,

Margaa G

qulqullinni leenjii koorsii dubbarree, akkuma koorsii kamii irratti mul'atu laafaa akka ta'e; ga'umsi raawwii leenjistoo- taafi milkaa'inni leenjifamtootaa hariiroo qabaatus, milkaa'ina dubbarree barattootaaf rakkoon laafina barattootaafi koorsii dubbarree qophaa'e malee, leenjistoota akka hintaane adda ba'e (Id.9SH). Gama barsiisotaan qulqullinni raawwii leenjisu jiraatus, dandeettii barattoonni dubbarree irratti agarsiisan laafaadha. Kunimmoo, gaafa dirree hojiitti bobba'anis ga'umsaafi milkaa'ina akka isaan hinqabaanne akka taasisu hubatame (Id.4IST).

Waliigalatti, haala raawwii dubbarree leenjisu leenjistootaafi milkaa'uu leenjifamtootaa gidduu hariiroon jijjiiramoota hedduu irratti mul'ate hariiroo baay'ee laafaa akka ta'e odeeffannoo bargaa'ffii irraa argameen adda ba'e. Kunis, barattoonni koorsii isaaniif kennamu waliin hariiroon qabaachuun isaani barbaachisummaan (sig.) jiru kan agarsiisu ta'ee, haalli raawwii leenjii dubbarree leenjistootaa garuu, qulqullina qabeessa waan hintaaneef milkaa'ina barattoonni gonfachuun qaban irraatti jijjiirama kan uume miti. Akkasumas, odeeffannoon afaa'ffii barsiisotaa irraa walitti qabame kuni kan agarsiisus, haala raawwii leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtootaa gidduu hariiroon cimaan jiraatus, milkaa'ina barattootaaf rakkoon gama barsiisotaan osoo hintaane gama barattootaan akka ta'e yaada barsiisotaa waliigalaa irraa mul'ateera.

Barattoota irraa yaanni MGX dhiyaate ammoo, faallaa odeeffannoo barsiisotaan dhiyaatedha. Innis milkaa'inaafi ga'umsa barattootaaf ga'ee olaanaa kan qabu qulqullina akkaataa kenniinsa leenjii barsiisotaafi meeshaalee koorsichaaf qophaa'e ta'ee, gama

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

barsiisotaan kaka'umsi jiru laafaa ta'uu hubatame. Kunis, leenjii koorsii dubbarree irratti leenjifamtoonni ga'umsa, dandeettiifi milkaa'ina barbaachisaa ta'e dhabuuf sababa akka ta'e agarsiise. Karaa biraatiin, haallii leenjii barsiisotaa dubbarree dhaabbata leenjii barnootaa barsiisotaan kan hinhordofne, qulqullinni leenjii kan hinjirre, ulaagaaleefi hordoffiin leenjifamtootaaf xiyyeef- fannoon kan hinkennamne ta'uu hubatame. Yaada barattootaa kana jabeessuun qorattoonni Koellner'fi Jacobs (2015) qulqullinni leenjisu barsiisotaa, qulqullina leenji'uu leenjifamtootaa akka murteessu ibsan.

Akka hayyuun Juchniewicz (2012) ibsetti leenjiin barsiisotaa qulqullinaafi ga'umsaan raawwatamu milkaa'ina leenjifamtootaa waliin hariiroo inni qabu guddaa akka ta'e ibse. Fallaa anaan, qulqullinaafi milkaa'ina dhabuun barsiisotaa ammoo hariiroo leenjii sirrii ta'e argachuu dhabuu leenjifamtootaa irraatti dhiibbaa akka uumu (DeGraff'fi kaan, 2015) mirkaneessan. Kanaaf, haalli raawwii leenjistootaa dubbarree qulqullina barnoota dhiyaatuufi leenjifamtoota fooyyessa; hariiroo leenjistootaafi milkaa'ina leenjifamtootaas jabeessa (Carreker'fi kaan, 2010).

### **GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA**

Akka paradigm ijaarsaatti (*constructivist*)'tti dandeettii barsiisuu dagaagsuun xiyyeefannoo guddaa kan barbaadudha. Kanaafuu, qaawwi gahumsa leenjii dubbarreefi qulqullina leenjii irratti mul'ate qoratame. Kanarraa kan ka'e, adeemsa leenjii keessatti, wayitiin leenjii barnoota dubbarree ramadame torban keessaa sa'atii lama qofa akka ta'e adda baafameera. Kun garuu, leenjifamtoota ga'umsa horachiisuuf yeroo ga'aa ta'e miti. Kana malee, gosoota barnootaa adda addaa keessaan

Margaa G

xiyyeeffannaan leenjii dubbisuufi barreessuu kennamu gadi aanaafi dhiibbaan inni ga'umsa leenjifamtootaa irratti qabu laafaadha. Akkasumas, qulqullinni leenjii dubbarree KBB sadan keessatti dhiyaatu, ga'umsa leenjifamtootaa fooyyessuuf gahee inni qabu gadi aanaa akka ta'e hubatameera. Kanaaf, dhimmamtoota adda addaa ofeeggannoon hirmaachisuun ga'umsaafi adeemsa qulqullina leenii leenjifamtoota tajaajila duraa hojiirra oolchuuf, qophii siilabasii leenjii mirkaneessuuf, qorannoofi leenjii dubbarree KBB keessatti kennamuufi meeshaalee deeggarsaa ga'umsa qabu hirmaannaan qopheessuuf shoora olaanaa waan qabuuf BBO osoo yaada keessa galchee milkaa'inni leenjii dubbarree dabalaa deema.

Kana malee, KBB keessatti haala raawwii kenniinsa leenjii dubbarreefi beekumsa dabarsuu leenjistootaa, galma ga'iinsaafi milkaa'ina leenjifamtoota tajaajila duraa irratti dhiibbaa argamsiisu qoratameera. Kana irratti bu'aan argame laafaadha. Kanaaf sababoonni ammoo, hanqina haala mija'aa, barsiisotaan xiyyeeffannoon kennamuu dhabuu, kenniinsi leenjii leenjistootaa quubsaa ta'uu dhabuu, yeroo leenjii gahaa dhabuu, meeshaalee deeggarsa barbaachisoo ta'an dhibuufi haqina raawwii hojii leenjistootaafi leenjifamtootaa ta'uu adda baa'eera. Gama kaaniin walitti dhufeenyi ga'umsa raawwii leenjistootaafi leenjifamtoota dubbarree tajaajila duraa gidduu jirus laafaa ta'uu mul'atee jira. Kunis, KBB keessatti ga'umsi leenjistootaa akka fooyya'aa deemuuf ijaarsa dandeettii leenjistootaa barsiisota tajaajila duraatiif leenjiin gabaabaan osoo kennamaa deemee leenjii dubbarree irratti milkaa'inni leenjifamtootaa dabalaa deema.

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

Kanarraa kan ka'e, yaada furmaataa qorataan dhiheessu, leenjii leenjifamtoota dubbarree tajaajila duraa irratti gidduu seenummaa (intervention) bal'aa kan barbaada ta'uu isaati. Kana waan ta'eef:

1. Dameen/seekterri leenjii dubbisuufi barreessuu yookaan dubbarree BBO'fi ogeeyyiin barnoota afaanii kallattiin fooyya'iinsa leenjifamtootaa irratti yoo kan waliin hojjetan ta'e, qulqullina barnoota dubbarree irratti jijjiirama guddaa argamsiisuu danda'u.
2. Akkasumas, qorattoonni KBB keessatti gaaffilee wayitiin barumsaa dubbarree torbanitti maaliif lama qofa ta'e? Leenjistoonni maaliif kaka'umsa dhabu? Akkasumas leenjifamtoonni ogummaa bu'uura maaliif hinhoratan? jedhu irratti yoo xiyyeeffannaan qorannoo bal'aa geggeessan qaawwaan kun akkaataa barbaadamutti furmaata waaraa kan argatu ta'a. Kana waan ta'eef, hayyoonni barnootaa Yuunivarsiitii, KBB'fi BBO koorsii leenjii dubbarree fooyyessuu/qopheessuu keessatti osoo qooda olaanaa qabaatanii qulqullinni leenjiifi hojiirra oolmaan isaa bu'a qabaessa ta'a.

#### **WABIILEE**

Adams, M. (1993). 'Beginning to read: *An overview*' in *Beard, teaching literacy balancing perspectives*. Hodder Stoughton: London 'Introduction' pp. 204-215

Adams, A. E., and Pegg, J. (2012). Teachers' enactment of content literacy strategies in secondary science and mathematics classes. *Journal of Adolescent and Adult Literacy*, 56, 151-161. doi:10.1002/JAAL.00116



Margaa G

- Alatalo, T. (2013). "Sustainable reading and writing instruction: A question for teacher education." *The International Journal of Literacies*, 19 (3): 1–11. Doi:10.18848/2327-0136/CGP/v19i03/48778.
- Al-Barakat, A. A., and Bataineh, R. F. (2011). "Preservice childhood education teachers' perceptions of instructional practices for developing young children's interest in reading." *Journal of Research in Childhood Education*, 25 (2): 177–193. Doi: 10.1080/02568543.2011.556520.
- Alkharusi, H., Aldhafri, S., Alnabhani, H., and Alkalbani, M. (2012). Educational assessment attitudes, competence, knowledge, and practices: An exploratory study of Muscat teachers in the Sultanate of Oman. *Journal of Education and Learning*, 1(2), 217-232. URL: <http://dx.doi.org/10.5539/jel.v1n2p217> ISSN 1927-5250 E-ISSN 1927-5269
- Al-sowat, H. (2012). An evaluation of English language textbook "say it in English" for first year intermediate grade in Saudi Arabia. *Journal of Studies in Curriculum and Supervision*, Vol. 3 - No. 2.
- Carreker, S., Joshi, R. M., and Boulware-Gooden, R. (2010). "Spelling-related teacher knowledge: the impact of professional development on identifying appropriate instructional activities." *Learning Disability Quarterly*, 33 (3): 148–158. Doi:10.1177/073194871003300304.
- Cash, A., Cabell, S., Hamre, B., DeCoster, J., and Pianta, R. (2015). Relating prekindergarten teacher beliefs and knowledge to children's language and literacy development. *Teaching and Teacher Education*, 48, 97-105. [dx.Doi.org/10.1016/j.tate.2015.02.003](https://doi.org/10.1016/j.tate.2015.02.003)
- Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*
- Cohen, L., Manion, L., and Morrison, K. (2007). *Research methods in education*. (6<sup>th</sup> ed.). London: Routledge. Doi.org/10.4324/9780203029053
- Copeland, S. R., and Keefe, E. B. (2007). *Effective literacy instruction*. Baltimore: Paul H. Brookes.
- Creswell, J.W. (2014). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach*. (4<sup>th</sup> edition). London: Sage Publications, Inc.
- Cunningham, A. E., Zibulsky, J., Stanovich, K. E., and Stanovich, P. J. (2009). How teachers would spend their time teaching language arts: The mismatch between self-reported and best practices. *Journal of Learning Disabilities*, 42, 418-430. [doi.org/10.1177%2F0022219409339063](https://doi.org/10.1177%2F0022219409339063)
- Desimone, L.M., Hochberg, E.D., and McMaken, J. (2016). Teacher knowledge and instructional quality of beginning teachers: Growth and linkages. *Teachers College Record*, 118, 1-54. Doi: 10.1177/0022487114549599
- Doubet, K. J., and Southall, G. (2018). Integrating reading and writing instruction in middle and high school: The role of professional development in shaping teacher perceptions and practices. *Literacy Research and Instruction*, 57(1), 59-79. [Doi.org/10.1080/19388071.2017.1366607](https://doi.org/10.1080/19388071.2017.1366607)
- Fang, Z. (1996). A review of research on teacher beliefs and practices. *Educational Research*, 38(10), 47-65. <https://doi.org/10.1080/0013188960380104>
- Gao, Y. (2013). The effects of summary writing on reading comprehension: The role of ediation in EFL classroom. *Reading Improvement*, 50, 43–47.

Margaa G

- Goatley, V. J., and Hinchman, K. A. (2013). Using research to make sensible literacy decisions within current educational initiatives. *Language and Literacy Spectrum*, 2357–2368.
- Griffith, R., and Lacina, J. (2018). Teacher as decision maker: A framework to guide teacher decisions in reading. *The Reading Teacher*, 71(4), 501 - 507. <https://doi.org/10.1002/trtr>.
- Hay, I., and Fielding-Barnsley, R. (2012). Social learning, language and literacy. *Australian Journal of Early Childhood*, 37, 24–29.
- Hay, I., and Woolley, G. (2011). The challenge of reading comprehension. In T. Lê, Q. Lê M. Short (Eds.), *Language and literacy in a challenging world* (pp. 123–136). New York: Nova Science Publishers.
- Hebert, M., Bohaty, J. J., Nelson, J. R., and Brown, J. (2016). “The effects of text structure instruction on expository reading comprehension: A Meta-analysis.” *Journal of Educational Psychology*, 108 (5): 609–629. doi:10.1037/edu0000082.
- Juchniewicz, M. (2012). Visible voices: Literacy identity and the invisible homeless. *Journal of Adolescent Adult Literacy*, 55 (6), Doi: 101002/JAAL.00060
- Koellner, K. and Jacobs, J. (2015). Distinguishing models of professional development: The case of an adaptive model’s impact on teachers’ knowledge, instruction, and student achievement. *Journal of Teacher Education*, 66(1), 51- 67.
- Kothari, C.R. (2004). *Research methodology: Methods and techniques*. (2<sup>nd</sup> edition). New Delhi: New Age International PLtd. Publishers.
- Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*
- Krutka, D. G., Carpenter, J. P., and Trust, T. (2016). Elements of engagement: A model of teacher interactions via professional learning networks. *Journal of Digital Learning in Teacher Education*, 32(4), 150-158. <https://doi.org/10.1080/21532974.2016.1206492>
- Lindquist, J. (2015). "Literacy." Keywords in writing studies. Paul Heilker and Peter Vandenberg, eds. Utah State University Press, 99-102. DOI: 10.7330/ 9780874219746.c020
- Metzler, J., and Woessmann, L. (2012). The impact of teacher subject knowledge on student achievement: Evidence from within-teacher within-student variation. *Journal of Development Economics*, 99(2), 486-496.
- Olivia, N. S. (2017) Literacy and language: new developments in research, theory, and practice. *Early Child Development and Care*, 187:3-4, 299-304, Doi: 10.1080/03004430.2017.1282235
- Ottley, J., Piasta, S., Mauck, S., O’Connell, A., Weber-Mayrer, M., and Justice, L. (2015). The nature and extent of change in early childhood educators’ language and literacy knowledge and beliefs. *Teaching and Teacher Education*, 52, 47-55. <https://doi.org/10.1016/j.tate.2015.08.005>
- Perry, M., Wessels, A., and Wager, A. C. (2013). From play building to devising in literacy education: Aesthetic and pedagogical approaches. *Journal of Adolescent Adult Literacy*, 56, 649–658. doi:10.1002/JAAL.195.
- Scheerens, J., and Blömeke, S. (2016). “Integrating teacher education effectiveness research into educational effectiveness models.” *Educational Research Review* 18: 70–87. Doi:10.1016/j.edurev.2016.03.002.

Margaa G

*Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 98-116*

Street, B. (2004). *Understanding and defining literacy*. Background Paper for EFA Global Monitoring Report 2006.

Vanderstoep, S.W., and Johnston, D.D. (2009). *Research methods for everyday life: Blending qualitative and quantitative approaches*. USA: John Wiley and Sons, Inc.

Wilson, N. S., Grisham, D. L., and Smetana, L. (2009). Investigating content area teachers' understanding of a content literacy framework: A yearlong professional development initiative. *Journal of Adolescent and Adult Literacy*, 52, 708–718. <http://dx.doi.org/10.1598/JAAL.52.8.6>

Yang, J., and Ping, L. (2012). Brain networks of explicit and implicit learning. *PLoS One*. 7(8), e42993. doi:10.1371.